***Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2), 35-54***
**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i2.1845**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2): 35-54**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Fakkoomii Milkii Ilaallannaa Galumsa Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Macccaa: Goodina Horroo Gudiruu Wallaaggaa Xiyyeeffachuun

Galataa Waaqjiraa[1*], Taakkalaa Taarikuu[2*], Margaa Gammadaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoon kun fakkoomii milkii ilallannaan Oromoo Maccaa, galumsa aadaa Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti qabu kan xiinxaledha. Xiyyeeffannoon isaas, aadaafi duudhaa hawaasaa dagatamaa deeme, hambaa beekumsa xabboo dhaloota har'aafi boruuf qorachuun barreffamaan olkaa'uudha. Saxaxni qorannoo kanaa sanyaabsaa ta'ee ibsuun kan qindaa'edha. Dhimma kana irratti maanguddoota waa'ee milkii beekan tooftaalee iddatteessuu darbaa dabarsaan erga filatamanii, af-gaaffii caaseffamaafi marii garee xiyyeeffannoon ragaan walitti qabameera. Ragaaleen guurames ijoo ijootti qoqqooduun, ibsuufi hiikuutiin xiinxalameera. Argannoon ijoon qorannoo kanan adda ba'e, ijaarsa gaalelaa keessati milkiin fakkoomii gochaa namaa, sochiiwwan qaama namaa, biqiloota, beeyladoota, bineessota, allaattiwwan, ilbiisota, waantota, guyyoota torbaniin walqabsiisuu kan ilaallatamu ta'uu isaati. Kan biroon, Oromoon durii kaasee yeroo ijaarsa gaa'elaaf karoorfatee rafee dammaqu, biyya intalaa deemee laga ce'ee galu, barii ganamaa akka milkii ilaallatu hubatameera. Darbee, Oromoon Waaqa balaa adda addaarraa isa oolchu galateeffachuuf; sodaa /dhiphina fuulduratti isa mudatu irraa bilisa ta'uuf; umurii dheerachuuf, jiruuf jireenya nagaa, gammachuufi waan abdatu argachuuf akka itti gargaaramu bira ga'ameera. Argannoolee kana irraa ka'uun, milkiin qajeelfamuun milkaa'ina jiruufi jireenya hawaasichaa waliin waan hidhata qabuuf waajiraaleen Aadaafi Turiizimiifi qorattoonni aadaa, duudhaa hawaasa kana xiyyeeffannoon itti kennamee dhaloota boruuf akka darbu osoo bal'inaan qoratamee dagaagina aadaaf bu'aan isaa olaanaadha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 04-11-2025
Revised: 20-11-2025
Accepted: 10-12-2025

***Jechoota Ijoo:*** *fakkoomii, galumsa aadaa, jiruufi jireenya, milkii ilaallannaa*

**Qorataa Muummee:*
*Galataa Waaqjiraa*

*E-mail:*
*galowak12@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Aadaan jiruufi jireenyi uummata tokkoo kan biraa irraa gargar ba'ee kan ittiin beekamu, dhimmoota eenyummaa kan ofkeessaa qabu, misoomaafi ijaarsa biyya tokkoo irratti gahee olaanaa gumaachuuf yaada akka furtuutti itti fayyadamnudha (Warquu, 2001, f.2'fi Roobalee, 2012). Kuni ammoo, aadaan haala jiruufi jireenya uummata tokkoo guutummaatti kan ibsu ta'uurraa darbee gochaa hawaasni jiraachuu isaa keessatti raawwii guyyaa guyyaan raawwatu kan bakka bu'u ta'uu isaati.

Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti dalagaa isaa hundaaf milka'ina barbaada. Wayita ganama ka'ee dhimmaaf imala eegalu milkii ilaallata Dirribi (2009) mudannoo isaa irratti hunda'uun ta'insi tokko gaarii yookiin badaa ta'uu hiikkataa (Asaffaa, 2009). Kanaan walqabate Dorson (1972) milkii ilaallannaan duudhaa hawaasaa keessaa tokko ta'ee, waanta fuulduratti ta'u himuufi ta'uu danda'a jedhamee kan raagamu ta'uu ibsa. Milkii ilaallannaan hawaasa Oromoo keessatti labataa labatatti darbaa kan dhufe ta'us, bakka adda addaatti, muuxannoofi mudannoo hawwaasichi qaburratti hundaahuun garaagarummaa hiikaa qaba (Asaffaa, 2009, f.34). Kunis ta'insoota dhimma raawwii hojii hawaasaa waliin walqabsiisuun milkaa'inni isaanii gaarii yookiin badaa ta'uusaa kan keessatti of ilaalan ta'uu kan agarsiisa (Roobalee, 2012). Kanas akka Draper'fi Joseph (2011) milkiin hawaasni milkaa'ina akka barbaadu, safuu hawaasummaa isaa akka eeggatu kan taasisu ta'uu mirkaneessaniiru. Haaluma kanaan sababa hawaasni tokko milkii ilaallatuuf inni guddaan milkaa'ina raawwii hojii isaaniif hawwii qaban kan ittin ibsatan ta'uurraa akka ka'u ibseera (Malakne, 2006, f.8). Yaaduma kana Zerihun (2005, f.13) ka'umsi gaarummaa bu'aa tokkoo milkii ilaallannaa irratti hundaa'uun milkaa'ina kan argatan ta'uu ibsa. Sababni milkii ilaallannaa dhala namaa kan jiraachuu danda'eef, waan qaama jireenya hawaasaa ta'uu ibsa.

Freud (1965, f.288) gama isaatiin, milkii gaariifi milkii badaa gidduu addummaa jiru adda baasee jira. Innis milkii gaariin qabiyyeen isaa gaarummaafi milkaa'ina kan ofkeessatti qabudha. Kunis, mudannoon nama qaqqabu tokko ta'insa ta'ame irratti hundaa'uun bu'aan (milkaa'inna) gaarummaa isaa ifaa ifatti argamudha. Kanas kan ta'u, waantota naannoo keenyatti argaman waliin walqabsiisuun ta'a (Asaffaa, 2009, f. 34). Keessumattuu, mudannoowwan, miirawwaniifi yaadannoowwan guyyaa milkiin sun ilaallatame dursanii utuu hinraawwatamiin hafuu hinqabnedha. Qabiyyee milkii gaarii milkii badaa irraa wanti adda baasu kaayyoo hiika jechichaafi yaada maalummaa jechichaa mul'isuunidha (Malakine, 2006, f. 8).

Qabiyyeen milkii badaa ammoo, hawwii yaada sammuu namaaf boqonnaa hinkennineefi mudannoowwan adda addaa wayita nama qaqqaban kan milkaa'inni dalagaa namootaa fiixaan ba'insa hinqabnee ta'uusaati. Kunis, hawaasni mudannoo jiruufi jireenya isaa keessatti kan balaaleffatu irraa kan ka'uudha (Dirribi, 2009).

Milkii badaan waantota hariiroo waliin qaban lama ofkeessaa kan qabu ta'ee, inni tokko bifa dhokataatiin adeemsa yeroo gabaabaa yookaan yeroodheeraa dura raawwataaman yommuu ilaallatu, dhimmi biraan dhimma akka tasaa yookiin osoo itti hinyaadamiin raawwataniifi dhageettii miiraa irratti xiyyeeffatudha. Qabiyyeen argame hubannoo dhimmoota lammanii barbaada. Darbee darbees dimmoota wajjinis hariiroo qaban mul'isa (Baron, 2001, f.59).

Kanamalees, Freud (1965, ff. 288-311) mallattoowwan milkii haala wajjin walqabatan ilaalchisee Wantoota dhedheeroo, meeshaalee lolaa qara qaban, qawwee, sanduuqa, borsaa, rifeensa gabaabsuufi ilkaan buqqisuufi meeshaalee garaa garaan walqabsiisuun milkii ilaallatu. Kunimmoo, maalummaa mallattoowwan milkii adda baasuun murtii tasaa ta'e miti. Hunda caalaa mudannoon milkii, waanta milkii ilaallatan wajjin walqabsiisu; hiika waaltawaafi hiikaa nama dhuunfaa calaqqisiisu (Ringkahao, 2018)). Dabalataanis, mallattooleen milkiiwwan adda addaa ittiin ilaallataman bifa garaa garaan ilaalamu. Fakkeenyaaf, bineensota bosonaa adda addaa, nama/ koornayaa waliin jiraataniin walqabsiisu. Haata'umalee, milkii tokko sirriitti hiikuuf waa'ee haala namicha milkii sana ilaallatee gadfageenyaan beekuu nu barbaachisa.

Ta'us, milkii fakkoomii garaagaraan dhiyaatu kana qorachuun kan barbaachiseef, faayidaa inni jiruufi jireenya hawaasaa qajeelchuu, sirresssuu, milkeessuufi gara gaariitti geessuu irratti qabuufi barsiifataafi beekumsa xabboofi duudhaa Oromoo durii baasee agarsiisuufidha. Ka'umsi qorannoo kanaas, beekumsi duudhaa kun, ammayyummaa waliin waliti fidanii itti dhimma ba'uurra bakka adda addaatti dagatamuurra darbee baduurra gahee waan jiruuf gama kanaan qorannoon baafamee agarsiisuun qaawwaa mul'atu kana cufuufidha. Ka'umsi biroon ammoo naannoo qorannoon itti geggeeffametti, qorannoon bal'aafi gadi fagoo ta'e taasifamee barreeffamaan taa'uu dhabuu qaawwaa biroodha.

Kanaaf, beekumsa xabboo hawaasihi itti dhimma ba'aa ture, fakkoomii akkamiitti akka gargaaramaafi hiika hawaasichi itti laachuun jiruufi jireenya gaariifi badaa ittiin qajeelfataa ture ifoomsuufidha. Qaawwaan qorannoo kanaaf qorattoota kakaase inni kaan ammoo, akka galumsa aadaa naannoo qorannoo

kanaatti qorannoo beektota addaa addaan qoratame beekumsa duudhaa hawaasa ifoome qorattoonni argachuu dhabuudha. Kanaaf, dhimma kana badiirraa baraaruuf faayidaa milkii, waan fakkoomii milkii ilaallannaa agarsiisan, hariiroo fakkoomiifi hiika isaaniifi yoomessa milkiin itti ilaallatamu xiyyeeffatamee qoratamee jira. Dhimma kana irratti, gaaffileen bu'uuraa xiyyeefftaman kanneen kanatti aananii jiranidha. 1. Milkii ilaallannaan fakkoomii akkamiin dhiyaata? 2. Milkiin yoomessa akkamii keessatti dhimma itti ba'ama? 3. Hawaasni Oromoo milkii fakkoomiin dhiyaatutti maaliif gargaarama?

## 2. Malleen Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kana saxaxa sanyaabsaa ta'ee ibsuun qindaa'e. ragaalee walitti qabuufi xiinxaluudhaaf ammoo, mala qorannoo akkamtaatti fayyadame. Innis, beekumsa xabboo hawwaasaa kana irratti ragaa guuruun balballomsameera. Kunis yaada qorataan Creswell (2018) dhiyeesseen kan deeggaramu waan ta'eef adeemsa ragaan funaanuufi xiinxaluutti kan itti dhimma ba'amedha.

Qorannoo kanaaf ragaalee walitti qabuuf Aanaa Horroo mala akkayyoon adda baafame. Aanaa kana keessaa rag-himtoota (18) gandoota sadii keessaa mala darbaa dabarsaan dhimma kanarrati kanneen beekumsa gahaa qabaniifi qooda fudhataa turan odeeffannoo argame bu'uura godhachuun filataman. Rag-himtoota beekumsa xabboo hawaasaa irratti muuxannoofi beekumsa qaban hirmaachisuun ammoo murteessaa akka ta'e (Ranjit, 2011) mirkaneesseera.

Qorannoo kanaaf meeshaaleen funaansa ragaa af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannoo hojiirra oolaniiru. Meeshaaleen kunis ragaalee madda tokkoffaa walitti qabuuf kan gargaarudha. Kanaaf, fakkoomiifi yoomessa milkii ilaallannaafi faayidaa inni hawaasa keessatti qabu irratti ragaan walitti qabuuf oola. Funaansa ragaa keessatti meeshaaleen akkasii, ragaa kallattii argachuuf akka gargaaru (Kothari, 1990 fi Yaadasaa, 2018) ibsaniiru.

Mala qaaccessa ragaalee ilaalchisee, ragaalee walitti qabaman ijoo ijootti qooduun hiikniifi qaaccesssi itti kennameera. Darbee, ragaalee walitti dhufeenya qaban walitti fiduun, xiinxalamanii qindaa'aniiru.

## 3. Ragaalee Qaaccessuufi Hiikuu

### 3.1 Fakkoomii Milkii Ittiin Dhiyaatu

Akka ragaa kennitoonni marii garee dhiyaatan eeranitti *"hiikkaan falaasama milkiifi mallattoolee yookaan fakkoomii milkii gidduu jiru namoota hedduu biratti fudhatama kan qabudha"* (MG1). Akka ragaalee dhiyaate kanaatti, namootni kallattiidhaan alkallattiidhaafi faallaatiin milkiif hiika waan itti kennaniif, jireenya mataa isaaniii waliin waan walqabsiisaniif hiika isaan kennanis

badaa yookaan gaariifi ergaa dimshaashaa yookaan murtaawaa ta'uu akka danda'u agarsiisa. Qabiyyeen milkii fakkoomiiwwan baay'ee kan qabaatuufi haalota milkiin sun keessatti ilaallatamaniin kan hiikaman ta'uu adda ba'eera. Kanaaf, qorannoo kana keessattis hiikaafi qabiyyee isaan qaban irratti hundaa'uudhaan mata dureewwan adda addaatti qoqqoodamee akka ilaalamu taasifameera.

### 3.1.1 Fakkoomii Milkiiwwan Gaariifi Badaa Gaa'ela Waliin Walqabatan

Milkii gaarii kanneen jedhaman hawwaasa naannoo bakka qorannoo kana biratti mudannoon isaan qaqqabe milkaa'ina isaanii fuul-duraaf wanti isaan gara fuul-duraatti yaadan akka isaaniif ta'uuf gaarummaa ta'ee akka raawwatu marii garee (MG2) irraa ragaan funaanamerra.

**Fakkoomii Milkiiwwan Gaarii**

*Abiddi dibamee yoo bule:* Qabiyyeen fakkoomii milkii gaarii akka agarsiisutti ilaalama. Kun akka duudhaatti yeroo fuudhaaf heerumaatti kan ilaallatamudha. Innis, ibidda galgala dibame osoo hindhaamiin yoo bule akka milkii gaariitti fudhatama. Walitti dhufeenyi milkii gaariifi ibiddaa dibamee bule gidduu jirus jarreen wal fuudhuuf deeman kunneen lamaan wal wajjin umurii dheerachuun akka waliin jiraataniifi waliin raagan, hamaan akka isaan hindandeenye agarsiisa. Kun immoo, osoo hinbadiin jiraatanii diina isaaniitti abidda ta'uun gubuu akka danda'anitti hiikachuun akka milkii gaariitti kanfudhatamu ta'uu agarsiisa.

*Biqilli ukkaamfamee dafee yoo biqile:* Qabiyyeen kun gaa'ela keessatti sirriitti kan ilaalamu akka ta'e rag-himtoonni ibsaniiru. Innis yeroo warri gurbaa intala ilma isaaniif taatu barbaadanii arganitti, warri intalaa caljedhanii mucaa isaanii warra gurbaatif kennuun dura milkii ilaallatu. Isa keessas inni jalqabaa biqila biqilchuudhaan yoo ta'u, as keessatti biqilli biqilchamee, kun maqaa intalaafi gurbaan ukkaafamee gaafa guyyaa shanii haala gaariin yoo biqile akka milkii gaariitti fudhatama. Warri intalaa kunis gammachuudhaan intala isaanii warra gurbaatiif kennu. Warri gurbaas milkii gaariin yookaan bareedaaan akka isaaniif ta'e hubachuun gammachuudhaan akka fudhatan adda ba'e. Kun immoo, biqilli midhaan garbuurraa biqichamu, marguufi dhiisuu isaa fakkoomii maatiin walfuudhuuf deemuun wal bira qabanii ilaalamu ta'uu agarsiisa. Fakkoomiin kun, waliin horuu, guddachuufi sanyii yookaan hortee godhachuu isaanii kan ittiin mirkaneeffatanidha.

*Guyyoota akka Kiphxata, Kamisaafi Sanbataa:* Akka yaada rag-himtootaatti, guyyoonni intala

gaafatachuuf manaa ba'an guyyoota torbanii keessaa guyyoota akka Kiphxata, Kamisaafi Sanbata guddaa, yoo ta'e milkii gaarii jedhamee itti amanama. Sababiiwwan guyyaan kunniin filatamaniifis guyyaa guutuu yookaan cagginummaa ofkeessaa hin qabneefi guyyoota araara qabeessa jedhamee waan itti amanamuuf akka ta'e ibsan. Kanaaf, warri intala gaafatannaaf manaa ba'uuf jedhan guyyoota kana keessaa filatanii yeroo itti deeman haala milkaa'ina qabuun xumurachuu akka dana'an ifoomsaniiru.

Kunimmoo, akka ilaalcha hawaasa kanaatti guyyoonni kun guyyoota sobbooqa. Guyyoota itti dagaagan; guyyoota uumaan itti namoota eebbisu; guyyoota qeenxee hintaane akka ta'etti waan fudhatamuuf guyyoota torbanii jiran keessaa guyyoota filatama ta'uu hubatame.

*Kuruphisni yookaan raachi gara manaatti yoo utaalan:* Akka ragaa kennitootaatti Oromoo nannoo kanaatti, wantota kana lameen keessaa tokko gara manaatti yoo ol-seene namni beekamaa ta'e mana dhufuun akka daawwatuutti fudhatama. Dabalataan yeroo raachi gara mana keessatti utaaltutti akka galiin addaddaa manatti ol seenutti fudhachuun amanama. Kanarraa kan ka'e, akka milkii gaariitti akka fudhatamu hubatameera. *Ija Hiddii karaatti yoo argan:* Akka ilaalchaafi rag-himtoota hawwaasa naannoo kanaatti hiddiin garaa isaa keessatti miciraan yookaan firii waan qabuuf akka gaa'ela keessattis ta'e hariiroo waliin jireenyaa keessatti akkuma hiddi kanaa waliin horra.

Kun immoo kana garsiisu, Oromoo gaa'elaan yoo milkiin tole, hormaata namaafi sa'aa akka argatuufi waliin gammadanii akka jiraatanitti amanuun akka milkii gaariitti kan fudhatamu ta'uu adda ba'e.

*Buna duudaa:* Akka rag-himtootaatti bunni ulfinaafi kabaja; intalli qarree qabattee dhuftu waliin waan walqabatuuf jarri walfuudhan jaalalaafi urgaa'inaan akka waliin jiraatanitti amanama. Kanaaf, buna duudaa yoo argan akka milkaa'ina guddaatti akka fudhatamu hubatame. *Okkotee duwwaa baatanii yoo namatti dhufan:* Akka ragaa kannitoonni himanitti milkiin hiikkaa abbaafi naannoo jiraatan irratti kan hundaa'udha. Kun ta'ee, wayita dhimmi garaa garaaf manaa bahanitti, namni okkotee bishaanii duwwaa baatee yoo namatti dhufe, akka milkii gaariitti fudhatama. Sababiin isaas dhimmi yookaan gaa'elli ijaaramuuf deemamuuf sun dura hir'uu kan ture akka guutuu ta'uuf deemutti amanama. Kana waan ta'eef, okkotee qullaan akka milkaa'ina gaariitti akka fudhatamu ibsa dhiyaaterraa hubatameera.

Kunimmoo kan agarsiisu, gama intalaanis ta'e gama gurbaa fuudhaaf deemuutiin jireenyi waa maraan guutuu miti. Intalli heerumtu kan garaatti ulfa taatee hinargamne, garuu garaa duwwaa taate; ilmi fuudhu kan dhalchee bakkeetii hinqabne, garuu kanneen osoo dhala hingodhatiin qarrummaafi qeerrummaan walitti dhufanii waliin guutuu ta'uuf deeman ta'uu kan agarsiisudha.

*Yeroo roobni roobu sabbatni waaqaa yoo mul'ate:* Akka ilaalcha hawwaasa Oromoo naannoo kanaatti, bokkaan wayita roobu aduun bahuufi sabbatni Waaqayyoo argamuun akka milkii gaariitti ilaalama. Innis yeroo roobaa sabbata Waaqayyoo arguun wanti namni hojjetu hundi fiixaan bahinsa akka qabutti fudhatama. Kana malee, guyyaa akkasii keessa gaa'elli yoo adeemsifame jarreen lachuu umurii jiruufi jireenya isaanii keessatti, gammachuuf jaalala guddaan jireenya isaanii akka waliin dabarsanitti fudhatama. Yoomessa kana keessa daa'imni yoo dhalate akka nama umurii dheeraa jiraatuutti ilaalama. Kunimmoo kan agarsiisu, roobni jiidhina, waan tokko biqilchuu danda'u waliin walqabata. Sabbatni Waaqaa ammoo mallattoo nagaa, gammachuufi miidhaginaa waan agarsiisuuf harki Waaqaa keessa jiraachuu, horuufi badhaadhuun akka danda'amu tti waan fudhatamuuf hawaasicha biratti akka milkii gaariitti ilaalama.

**Fakkoomii Milkiiwwan Badaa**

Milkii badaa jechuun jiruuf jireenya hawwaasaa keessatti karaalee mudannoowwan gaggadhee ta'an itti nama mudhatan yoo ta'an xumurri milkaa'ina isaanis uummaticha biratti fudhatama kan hinqabne ta'uu isaanii ragaan rag-himtoota marii garee (MG1) irraa walitti qabame gabatee itti aanu keessatti dhiyateera.

**Gabatee 1:** *Ragaalee Fakkoomii Milkiiwwan Badaa Gaa'elaan Walqabatan*

| **Ragaalee fakkoomii milkii** | **Yaada rag-himtootaa** | **Ibsa/ hiika fakkoomii dhiyaatee** |
|---|---|---|
| ***Fakkoomii Wantootaa Milkii Badaa*** | | |
| 1. *Abiddi manaa yoo dhaame bulu* | Jireenyi jara wal fuudhuu akkasuma akka dhaamu yookaan qabbanaa'uutti ilaalama. | Ibiddi yoo bule, milkiin gaa'elaa akk toluufi, akka abiddaa akka ho'u; yoo ibiddi dhaamee bule ammoo akka gaa'elli sun manca'utti fudhatama. |
| 2. *Biqilli yoo biqiluu dide* | Jarreen wal fuudhan lamaan akka dhala hingodhannetti fudhatama. | Sanyiin isaanii osoo hindheeratiin hafuu, waan qabaniif biqilli biraan akka biqilchamuuf guyyaa birootti beellamanii biqila biqilu sana eeguun tolinsa milkii mirkaneeffachuuf oola. |
| 3. *Okkotee bishaaniin guute baatanii yoo namatti dhufan* | Guddinni jireenyaa guutee dhaabbachuu agarsiisa. | Jireenyi guutee dhaabbachuu sana booda waanti dabalamu kan hinjirre ta'uu agarsiisa. |
| ***Fakkoomii bineensotaa milkii badaa*** | | |
| 4. *Bosonuu dhaltuun yoo dutte* | Intalli naqatamuuf deemamtu sun ni duuti. | Yaaddoo bineensaa biroon nyaatamuu irraa kan ka'e sagalee diddaa waan dhageessistuuf, intalli milkii sana bira darbanii naqatanis sun akka mudatuttii ilaalama. |
| 5. *Kurupheen yoo nama qaxxaamurte* | Akka kurupheetti dhala tokkoon hafamaatti ilaalama. | Kurupheen tokko malee waan hindhalleef jarri walfuudhan ijoollee hanga fedhan godhachuu akka hindandeenye agarsiisa. |
| 6. *Qamaleen yoo qasaate.* | Lamaan haxxee walitti ta'u; ilkaaniin qofa walitti kolfu; waan gaarii waldhoksanii shakkiidhaan walfaana jiraatu. | Qamaleen abshaala waan taateef jarreen walitti dhufan waliif kan garraamoman akka hintaanetti fudhatama. |
| 7.*Qeerransi yoo harqe* | Warri wal fuudhan yaadaan akka walii hingalletti fudhatama. | Akka falaasama Oromootti qeerransi ilkeedha. Ciniinee hingadhiisu. Kanaaf, jarreen yoo wal fuudhan kan waliif hingalleefi waliif haaloowal qabatan akka ta'etti ilaalalma. |
| ***Fakkoomii Balali'oofi Munyuuqaa Milkii Badaa*** | | |
| 8. *Culuulleen Wucoo Hindaaqqoo yoo fudhatte* | Intalli naqatamtu akka duututti fudhatan/hiikkatama. | Guyyaa akkasii hafanii guyyaa biro deemu malee irra tarkaanfatanii hindeeman." |
| 9. *Bofti yoo nama qaxxaamure* | Bofti summaawaa ajjeesu ta'uu. | Yoo akkas ta'e, gaa'ellis akkas akka summaa'utti ilaalu. Kanaaf, guyyaa jijjiiranii deemu. |

### 3.1.2 Fakkoomii Milkiiwwan Gaariifi Badaa waliin Jireenya Gaa'elaa Keesatti

Jiruufi jireenya aadaa fuudhaafi heeruma hawaasaa keessatti fakkoomiin milkii gaariifi badaa agarsiisan garaagaraanis nijiru. Fakkeenyawwan kanneen rag-himtoota marii garee (MG2) ragaan guuraman gaditti dhiyaataniiru.

**Fakkoomii Milkiiwwan Gaarii Waliin Jireenyaan Walqabatan**

*Allaattiin samiirraa bu'ee yoo lafa qubate:* Akka ragaa kennitoonni himanitti yeroo allaattiin samiirraa bu'ee lafa qubatu namoonni hedduun akka mallattoo samiirraa qabeenyi guddaan gadi bu'eetti amanu. Mallattoon allaattiiwwan samiirraa gadi bu'un kun oduu gammachiisaafi carraa gaarii akka fidanii dhufaniitti ilaalama. Kana malees, sinbirrooleen waan tokko namarraa ittisuuf dandeetti kan qabaniifi akka ittistuutti fudhatamu. Kun immoo, sinbirrooleen baallee dachaafatanii gara keenya dhufan akka humnaafi jabina qabaniitti waan ilaalamaniif akka milkii gaariitti akka fudhatamu agarsiisa.

*Yeroo saree kormaan mana namaatti galu:* Akka eertonni kun kaasanitti, yeroo sareen komaan mana namaatti galu ofitti fudhachuun madaksuun akka milkii gaariitti ilaalama. Akka ragaan dhiyaatetti, hiikni fakkoomii kanaa, fayyinniifi hiriyaan abbaa mana jaallatu, kan rakkoowwan garagaraa irratti isaan gargaaru, akka dhufutti amanama. Keessattuu sareen gurraachi akka qabeenyaatti ilaalama. Sareen bifa warqee immoo rakkoo addaaddaa keessa darbuuf gammachuu agarsiisa; sareen adiin immoo jaalalaaf waanta gaarii ta'e akka namatti himuutti waan fudhatamuuf akka milkii gaariitti akka hiikamu hubatame.

Fakkoomiin biroon, *yoo billaachi gara manaa keessatti barristu:* Akka rag-himtoonni ibsanitti, gosti milkii gaarii kun namoota yookaan keessummoota bebbeekamoo ta'an simachuutti hiikama. Kunimmoo, billaachi dhufe yoo adii qabaate, keessummaan sun oduu missiraachoo kan jireenya waliin walqabate fidee akka dufeetti akka amanamu hubatame.

*Yoo sinbirri halkanii mana keessatti man'ee ijaarratte:* Akka ragaa kennitonni jedhanitti fakkoomiin kun kan agarsiisu, maatiin mana sana keessa jiraatan akka ijaaraman akka qabeenya horatanitti amanama. Hiikni isaa ammoo, kana gochuun sinbira sana, kuufamni qabeenyaa mana sana keessatti akka heddummatu kan argisiistu ta'uu hubatame.

*Namoonni yookaan hoomaan bineensota yoo namatti dhufan:* Akka ragaa kennitootaatti fakkoomiin kun ammoo, namoonni danuun yookaan hoomaan bineensotaa deemsa irratti

yoo namatti dhufan, waanti deemamuuf sun guutuu yookaan akka gaariitti mirgisaa ta'uun akka milkii gaariitti akka fudhatamu adda ba'e.

**Fakkoomii Milkiiwwan Badaa Waliin Jireenyaan Walqabatan**

Kanneenis, gochaa namootaa, beelladdootaafi waantota hinmul'aneen kan walqabatanidha. Fakkoomii milkiiwwan badaa agarsiisan kunneenis, rag-himtoota marii garee (MG2) irraa waltti qabame haala kanatti aanuun qaacceffameera.

**Gabatee 2:** *Fakkoomii Milkiiwwan Badaa Waliin Jireenya Waliigalaa Keessatti*

| ***Fakkoomii Gochaa Namaa Milkiiwwan Badaa*** | | |
|---|---|---|
| **Ragaalee Fakkoomii Milkii** | **Yaada rag-himtootaa** | **Ibsa/ hiika fakkoomii dhiyaatee** |
| 1. Barruun miillaa, nama hooksisuu | Oduu gaddaa fagoorraa dhaga'uutti hiikama | Fageenyarraa oduu gaddaa dhagahuun yaada boohicha deemuu jedhu waliin akka walqabatu agarsiisa. |
| 2. Deessuun mana namaa yoo seente | Dirqama dhadhaa dibuu, ta'uu baannaan rakkoon akka uumamuutti hiikama. | Dubartiin dhiyoo deessee mana namaa seentee yoo dhadhaa hindibatiin baate hantuuti manatti baay'achuu agarsiisa. |
| 3. Nama kosii manaa haratutti yoo dhaqan | Qabeenyi haramee gatamuutti hiikama. | Manni kan haramu bariidha, garuu galgala mana haruu akka qabeenya haruutti fudhatama. |
| 4. Namni bullukkoo bitatti olbaatee yoo namatti dhufe | Haalli namatti bitaacha'uutti hiikama. | Dhimmi yaadamee itti deemamu kan bitaa namatti galu malee furmaata akka hinarganneetti ilaalama. |
| 5. Ijoolleen qullaa namatti yoo dhufte | Dhabinsa waan tokkootti hikama. | Dhimmi karoorfame, naqata yoota'e naqatamtuun dhala dhabduufi kan qabeenya hinhoranne; waanan yaadan dhabuu, bu'aa malee galuu yaada jedhutti ilaalama. |
| 6. Boo'ichi yookaan iyyi yoo ollaadha ka'e. | Gadda bira darbuun gaddatti akka nama geessutti hiikama. | Boo'ichi gaddaan walqabata. Karaa adeemaan yoo boo'icha dhagahee bira darbee deemuun akka gaddee deebi'utti ilaalama. |
| 7. Nama karaa deemutti abidda baatanii yoo itti dhufan | Manca'iinsa waan tokkootti hiikama. | Dhimmi deemamuuf oolee bulee, akka nama gubutti fudhatama. |
| 8. Namni gurraachi karaatti yoo namatti dhufe | Gurraachi dukkanatti hiikama. | Dukkanni ifa kan hintaaneefi kan nama sodachisu waan ta'eef akka waan abdii hinqabnetti ilaalama. |
| 9. Namni wadaroo yookaan funyoo maratee yoo namatti dhufe | Waan xaxamaafi maramaan nama mudachuutti hiikama. | Dhimmi kara deemaan manaa ba'eef, sun xaxamaafi maramaa akka ta'uutti fudhatama. |

| | | |
|---|---|---|
| 10. Namni handaqii baatu yoo namatti dhufe | Handaqii reeffa waliin walqabsiisu. | Namni yeroo du'u handaqiitti maramee waan awwaalamuuf bira darbanii yoo adeeman akka duunitti ilaalama. |
| **Fakkoomii Beelladaa Milkiiwwan Badaa** | | |
| 11. Sareen naannoo manaatti yoo boosse | Qe'eerraa akka namni du'utti fudhatama. | Sareen beeyladoota keessaa dhala namaatti baay'ee waan dhiyaattuuf, boonyaan akka namni du'utti fudhatama. |
| 12. Fardi yookaan Gaangeen luugamaan yoo namatti dhufe | Dhimmi tokko furmaata dhabuutti hiikama. | Dhimmi itti adeemamaa jiru hidhamaa, kan furmaata hinqabne ta'uutti fudhatama. |
| **Fakkoomii Wantoota Kallayaa Milkiiwwan Badaa** | | |
| 13. Abjuudhaan ilkaan buqifachuu | Du'a fira dhiigaatti hiikama. | Fira dhiigaa keessaa akka namni du'utti amanama. Keessattuu ilkaan fuulduraa haadha, aa'oo yoo ta'e, abbaatu du'a jedhamee ilaalama. |
| 14.Abjuudhaan sirbuu | Boo'ichatti hiikama. | Uumamni halkanif iguyyaa akkuma wal jijjiiran boo'ichi sirbatti, sirbi boo'ichatti jijjiiruun halkan abjuun sirbaa buluun, bariitu boo'ichatti fudhatama. |
| 15.Guyyoota Akka Wixataa, Roobiif Jimaataa | Guyyoota cagginnoofi hir'uutti hiikama. | Guyyooti torbanii Wixatni tokko; tokko hir'uudha. Roobiin sadiidha; sadiis hir'uudha. Jimaatni shani, shanis hir'uudha. Kanaaf, guyyoonni kunneen hir'uufi cagginnoo waan ta'aniif gaa'elliifi sanyii facaasuun hinraawwatamu. |

### 3.1.3 Fakkoomii Milkiiwwan Gaa'elaa Badaa Taateewwan Uumamaan Walqabatan

Adeemsa raawwii gaa'elaa keessatti fakkoomiiwwan milkii badaa ta'anii taateewwan uumamaa lubbu dhabeeyyiin walqabatee imala namaarratti hedataman nijiru. Kanneen keessaa ragaaleen marii garee (MG1) guuramana kanatti aananii dhiyaataniiru. Kanneen keessaa inni tokko *qilleensa.* Akka jiraattonni naannoo kanaa jedhanitti *qilleensi* milkaa'ina yookaan faallaa isaatti hiikamuu danda'a. Kunis qilleensichi bifa bubbee makatee kan nama quunnamu yoo ta'e akka milkii badiitti fudhatama. Garuu qilleensichi tasgabbaahaa yoo ta'e immoo kan eebba ta'e gufuu kan hinqabnetti hiikama jechuun ragaa kennaniirraa hubatameera. Kaan *sochii lafaati. Sochiin lafaa* taateewwan gurguddoo jiruuf jireenya namaa keessatti ta'aa jirutti hiikama.

Kanaaf, namni yoo tulluuwwaniifi gaarreewwan socho'an arge, akka milkii sodaachisaa yookaan rakkoon nama mudatuutti hiikama. Dabalataanis akka qomoon ofii namarraa foxxoquutti hiikama. Sababa kanaaf akka milkii gadheetti hiikama jechuun oduu himtoonni yaada isaanii ibsaniiru. Inni sadaffaan, *boolla awwaaldiigessaati.* Akka aadaatti, taateen kun hawwaasa keessatti akka milkii badaatti hiikkatama. Kunis qotamuun lafichaa akka waan waldhabdeen uumamamuutti yaadama. Kanumaan walqabatee faanni bineensa kanaayyuu akka milkii gadheetti waan hiikkatamuuf irra hintarkaanfatamu dhorkaa akka ta'etti hiikama.

Fakkoomiiwwan milkii badaa ta'anii taateewwan uumamaa lubbu qabeeyyiin walqabatee imala namaa irratti hedataman keessaa ragaaleen marii garee (MG1) guuramana kanatti aananii qaacceffamaniiru.

Inni tokkoffaan *nama qeenxee tokko*. Akkuma armaan olitti kaafamaa ture wayita dhimmi tokkoof imalaaf ka'anitti namni tokko qofaa isaa yoo karaatti namatti dhufe, akka milkii gadheetti fudhatama. Kanas akka mammaaksaatti *"mukti tokko hinboba'u, ni aara malee*" akkuma jedhamu nama tokko waliin walqabsiifamee waan ilaalamuuf akka milkii badaatti hiikama. Inni biroon ammoo *huummoodha.* Akka yaada ragaalee kennitootatti, allaattiin kun mudannoon isaa akka milkii badaatti fudhatama. Kunis kan ta'eef wayita imalarra jiranitti huummoo aadaa jirutti yoo dhufan yoomiyyuu akka milkaa'uu hindandeenyetti hiikama. Garuu osoo danda'amee huummooma aadu kana gidduu bahuun akka sooromaatti yookaan akka badhaadhinni namaa dhufuutti amanama. Kanaaf, haluma jiraattonni naannoo jiran irratti hundaahuun hiikkatanitti milkiin gaariis badaas ta'uu danda'a jedhu. Inni sadaffaan ammoo, *gurmuu bineeensotaati.* Akka barsiifata jiraattota naannoo qorannoo kanaatti yeroo imalaaf manaa bahanitti *hoomaan bineensotaa* yoo namatti dhufe akka milkii gaaritti ilaalama. Kunis baay'inni isaanii akka milkaa'ina tokkootti gammachuudhaan kan eeggatamu akka ta'e ragaa dhiyaaterraa hubatameera.

### 3.2 Yoomessa Ilaallannaa Milkii Adeemsa Ijaarsa Gaa'elaa Keessatti

Milkiin yoomiifi eessatti akka ilaallatamu ilaalchisee, rag-himtoonni adda addaan afgaaffiin deebii walfakkaatu kennaniiru. Fakkeenyaaf nama dhuunfaarraa ragaan fuudhame, *"milkiin aadaadha. Kan dhalli namaa durii kaasee yeroo deemuu, yeroo waa hojechuuf karoorfatu, yeroo rafee dammaquuf, bahee galuuf, laga ce'uuf, balbala mana jireenyaallee garatti gargalchu murteeffachuuf milkii ilaallata"* (AQ). Kunimmoo, yoomessa mikaa'inaa, carroomuu yookaan carraa dhabuu akka ta'etti fudhatamudha. Akkasumas milkiin

safeeffata ganamaa ta'ee waan hinbarbaadamne jireenya gaalelaa keessatti yoo nama mudate kanbira hindarbamne akkata'etti kan ilaalamudha.

Akkasumas *"milkiin yeroo namni tokko carraa gaariif badaa ta'e adda baafachuun dhimmi isaa kan ittiin fuuldureesaa murteeffatudha"* (HQ). Inni biroon, yoomessamilkiin itti ilaallatamu ilaalchisee afgaaffiin ragaan waraabame "*hawwaasni Oromoo, yeroo gaa'ela uummachuuf abbalu, gocha kamiin dura milkii ilaallata"* (DB). Akka yaada kanaatti, milkii biqilaa; milkii namaa; milkii haalotaa; milkii waantotaafi kan kana fakkaatu ilaallatama. Yeroo milkii ilaallannaa ilaalchisee, mana keessaa milkii ilaallatee jaarsa ergata. Jaarsoiin barii barraaqa milkii ilaallatanii ba'u; Hanga mana warraa intalaa ga'anitti, milkiiwwan fakkoomii garaagaraan isaan mudatu ilaallatu. Yoo milkiin gaariin isaan mudate, mana warra intalaa ga'anii marii jalqabu. Yoo milkiin ta'uu baate, yeroo biroof beellamatu.

Hawaasni naannoo qorannoo kanaa, ilaallannaa milkii gaa'elaan biratti, Arfaasaa milkii ilaallatee akka qotu; Birraa milkii ilallatee akka makaratu; milkii ilaallatee akka daldala jalqabu hubatameera. Kanaaf, milkiin yeroo gaa'elaafis ta'e waan biroof waa karoorfamu dursa yoomessa kamkeessattuu kan ilaallatamu ta'uu isaati. Kanarraa argannoon adda ba'e, Oromoon kan milkii ilaallatu haalota adda addaa keessaan ta'ee, yoomessa barii ganamaafi galgalaa, haalota (gocha namaa, sochiiwwan qaama namaa, biqiloota, beeyladoota, bineessota, allaattiwwan, ilbiisota, waantota)fi guyyoota torbanii faatti ta'uu adda ba'eera.

Yaada ragaa kennitoota oliirraa wanti hubatame, milkiin gaa'ela keessattis ta'e jiruufi jireenya keessatti kan hawwaasni Oromoo milkaa'ina jiruu isaaf yeroo dhimmi itti bahu kan ilaallatamu ta'uu isaati. Akkasumas wanta keessa jiru qofaa osoo hintaane waan gara fuulduraatti ta'uuf jiru waan gaariis ta'e waan badaa kan ittiin raagudha. Waliigalatti, hawaasa Oromoo biratti milkiin yeroo hawwiifi fedhiin fuulduratti akka guutuufiif kan ilaallatamu ta'uu ragaa dhiyaaterraa hubatameera.

### 3.3 Faayidaa Milkii Ilaallannaa Jiruufi Jireenya Gaa'elaa Keessatti

Akka aadaatti faayidaa milkii ilaallannaan jiruufi jireenya keessatti qabu ilaalchisee ragaan afgaaffiin walitti qabameera. Akka rag-himaan jalqabaa ibsetti *"milkii ilaallachuun rakkoo nama mudatu irraa ooluuf kan gargaaruufi dhimmi tokko akka namaa qajeeluuf /toluuf/ kan ilaallatamudha"* (DL). Dabalataan "*milkii ilaallachuun sodaa yookaan dhiphina fuulduratti nama mudatu*

*irraa bilisa ta'uuf kan gargaaru ta'uu isaati*" (HQ). Gama biraatiin "*milkii ilaallachuun waanta gaarii yookaan badaa gara fuulduraatti ta'uuf deemu kan agarsiisudha. Kanaaf, milkii ilaallatan hundaaf Waaqa balaa adda addaa oolchuuf isaan gargaaru galateeffachuuf itti fayyadamu*" (DDh). *Haaluma walfakkaatuun "milkii ilaallachuun yoo waan gaarii ta'e bira darbanii deemuun bu'aa isaa gammachuudhaan eeggachuuf; yoo waan badaa ta'e immoo Waaqayyoon bitakoo dabarsi jedhanii kadhachuuf kan gargaaru ta'uu himan"* (AM).

Ragaa od-himtoonni kennan kanarraa waanti hubatame, milkii ilaallachuun, osoo rakkoon himuumamiin daandii sirrummaa barbaaduu, yoo rakkoon uumame ammoo furmaata faluuf akka gargaaru hubatame. Kana malee, mudannoofi muuxannoo jiruufi jireenya keessatti nama mudataniif dursanii of qopheessuu, uumaa waliin hariiroo godhachuun waan gaariitti isa galateeffachuufi mudannoo badaa ta'e irratti ammoo Waaqa kadhachuuf akka gargaaru adda ba'e.

Ragaalee rag-himtoonni kennan irraa wanti adda ba'e biroon ammoo, maddi milkii jiruufi jireenya dhala namaan kan walqabatu ta'ee, umurii dheeraa jiraachuuf; jiruuf jireenya nagaafi gammachuu qabu argachuuf, carraa walqixxummaa gonfachuuf; guddina dinagdeee gaarii horachuuf; gurmuu hawwaasummaa yookaan waliin jireenya garii horachuuf; akkaataa bulchinsa hawwaasaa gaarii uumuufi amantiifi aadaan hawwaasaa akka cimuuf kan namaa fayyadu ta'uu isaa adda ba'eera.

## 4. Ibsa Argannoo, Goolabaafi Yaboo

### Ibsa Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa falaasama fakkoomii milkii ilaallanna jiruuf jireenya Oromoo Maccaa keessaa Godina Horroo Guduru Wallaggaa xiiyyeeffachuun keessatti qabaachaa tureeru kan qoratedha. Haala naannoo qorannoo kanaatti akkaataa milkii itti ilaallatan, hiikaa fakkoomiifi milkii gidduu jiran, fakkoomii milkii ilallatamaniifi kanneen biroo xiinxalamaniiru.

Akka hawaasa Oromoo Maccaatti falaasama milkii ilaallannaa manguddoota buuleeyyii, falaasama uummatichaafi maatii, warraafi gosa irraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi falaasama dhaloota ganama turerraa akka madde adda ba'eera. Qorattoonni Glendon (1975), Jones (2000), Mullen (2000)fi Dallos (2024), akka qorannoo isaaniin agarsiisanitti, muuxannoo hawaasa addunyaa kanaa keessatti, falaasamni milkii ilaallannaa aadaa hawaasaan daddarbaa kan deemu ta'ee, irra caalaan umurii waggaata digdamootan booda itti dhimma ba'uun kan eegalamuta'uu isaati. Haata'u malee, yoomessa itti eegalamu sirriitti adda baasanii beekuun rakkisaa ta'uus fakkoomii muuxannoo

dhala namaa waliin walitti fiduun hiikni kan itti kennamu ta'uu isaati (Addisuu, 1999). Kanarraa ka'uun, akka qorannoo kanaatti milkii ilaallannaan kan bu'uureffatu muuxannoo yeroo dheeraa umuriifi kennaa ogummaa dhalootaa ta'uu, jireenya taateewwan milkiifi muuxannoo qabatamaa, haala jiruu nama milkii ilallatu faana kan walitti hidhamu ta'uu argannoon adda ba'eera.

Dabalataan, milkiin yaadannoo bu'aa nama milkii ilaallate sana irratti hundaa'a (Mould, 2009). Kanaaf, hiika itti kennamu dhugummaa isaa murteessanii beekuun hojii ulfaataadha. Kana malee, yaadni milkii keessatti mul'atu kuusaa yaadannoo dhuunfaa mudannoo dura darbeefi kan ammaa, fedhiifi hawwii gara fuulduraati (Igor, 2021). Kunimmoo, namicha milkii ilaallatee sana keessaa waan madduuf dhugummaa isaa mirkaneeffachuun ulfaatadha. Akkuma hiikkaa qabiyyee milkii sirrii ta'e kennuun ulfaata ta'e, raawwii isaa beekuunis ni'ulfaata (Reza' fi kaan, 2025).

Qorannoo kanaan wanti adda ba'e inni biroon, milkiin fakkoomii gaariifi badaan dhiyaatan wantoota oolmaa guyyaa guyyaatti nama mudatan milkaa'uufi milkaa'uu dhabuu, dhugaa mirkaneessuu, gaarii yookis gadhee ta'ee mul'achuu kan agarsiisan ta'uu Hubatame. Barsiifata/ safuu kana kan hineegganne yoo ta'emmoo, sadarkaa lubbuun jiraachuu dhabuuyyuu akka fidu hubatameera.

Yaada kan Jones (2000) milkiin fakkoomii garaagaraan dhiyaatu, jiruufi jireenya, mudannoofi muuxannoo guyyaa guyyaa, hubannoo sammuu dhala namaa wajjin kan wal qabatu ta'uu mirkaneesseera.

Kana irratti, Stockdale (2019) milkiiwwan fakkoomiin dhiyaatan sababoota sammuu namaa keessatti dhuunfaadhaan yaadnu irraa kan maddu ta'us, bu'uurri madda isaanii haala qabatamaan kan mul'atu akka hintaane ibse. Kana jechuunis, milkiitti hiika kan kennu sammuun namaa waan itti amanee fudhateen kan abboomamu yookaan ittiin hogganamuu ta'uu (Liang, 2015) eeree jira. Kanaaf, milkii fakkoomiin dhiyaatanitti dhimma b'uuf ka'umsa kan ta'e, Rabbi qofaa akka hintaane tilmaamuun yoo danda'amellee maddi milkii hubannoofi muuxannoo beekumsa dhala namaa ol ta'uu hubachuun kan danda'amudha (Oleh'fi kaan, 2021). Kun kan agarsiisu, hiikni fakkoomii milkii ilaalachuu, jireenya guyyaa guyyaafi fakkoomii ittiin milkii ilallatan sana keessa jiru wajjin kan walfakkaatu ta'uu isaati.

Qorannoon kanaan waanti adda ba'e kan biraan, akka aadaa milkii ilaallannaa uummata Oromoo naannoo qorannichaatti, milkii ilallachuun yoomessaafi qajeelfama mataa isaa kan qabu ta'uu isaati. Darbee, yoomessiifi qajeelfamni milkii ilaallannaa guyyaa yookaan galgala ilallachuurratti kan xiyyeeffatu osoo

hintaane, caalmaatti ganama subii ciisaa ka’anii osoo gartokkotti imalaaf hinka’iin yookaan lagaa osoo hince’iin akka ilallatamu adda ba’eera. Ringkahao (2018) yoomessaafi qajeelfamni barreefamaan taa’ee jiraachuu baatus, milkii hiikuufi milkii ilallachuun seeraafi qajeelfama mataa isaa akka qabutu ibseera. Darbee, milkii ilallannaaf furtuuwwan dhaabbataan itti gargaaraman akka hinjirre dabalee ibseera. Kanaaf, Liang (2015) gargaarsa nama milkii ilallatee sana malee yoomessiifi qajeelfamni qabatamaan sirrii kanadha jedhanii lafa kaa’uun rakkisaa akka ta’e eeree jira. Haaluma kanaan, barsiifata adeemsa milkii ilallannaa uummata Oromoo keessattis seerri, yoomessiifi qajeelfamni bu’uraa kan hinjirre ta’uu isaati (Dirribi, 2009’fi Destaa, 2015) ibsaniiru.

Qorannoo kanaan ragaa xiinxalameen waanti adda ba’e faayidaa milkii ilaallannaan jiruufi jireenya hawaasaaf qabudha. Innis akeekkachiisuu, mudannoo gaariis ta’e, badaan nama qaqqabuu, muldhata fuulduraa kennuu, gorsuu, kallattii agarsiisuu jajjabina kennuufi kan kana fakkaataniif akka gargaaru hubatame. Kanarratti qorattoonni Greenfield fi Sokoloff (1989) akka eeranitti, namni milkii ilaallate nama dhuunfaa, garee, waldaafi biyyaa ta’uus bu’aan ilaallanaa sana bood dhufu ammoo dhuunfaarra darbee, maatii, warraafi sadarkaa gosaatti faayidaa akka qabu mirkaneessan. Yaada kana deeggaruun, Bringas (2003) milkiin madda milkaa’inaa hiika qabeessaa akka ta’e eeree jira.

**Goolaba**

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf ragaaleen namoota waa’ee milkii irratti hubannoo qabu jedhamanii yaadaman garaa garaa hawwaasa keessaa sakata’amanii ragaalee guurameen beekumsu duudhaa hawaasaa xiixnalameera. Milkii ilaallachuun hawaasa Oromoof barsiifata ganama qabu keessaa tokko ta’ee, kallattii imalan hundaatti milkaa’uuf kan ilaallatamudha. Falaasamni milkii ilaallachuu waan gurguddaa lama of keessa qaba. Wantoonni kunis milkii gaariifi milkii badaadha. Kunis fakkoomii adda addaa keessan kan mul’atudha. Hawaasni mallattoo badaan yoo isa mudate dafee furmaata barbaada; rakkoo jalaas baraaramuu danda’a.

Ragaalee walitti guuramerraa argannoon ijoo adda ba’an, milkiin wantoota oolmaa guyyaa guyyaatti nama mudatan milkaa’uufi milkaa’uu dhabuu isaanii kan agarsiisan ta’uufi safuu kana kan hineegganne yoo ta’e ammoo sadarkaa lubbuun jiraachuu dhabuutti akka geessu amataa jiru hubatameera. Fakkoomiin milkii ittiin ilallatan gaarii yookis gadhee ta’ee mul’achuu, akkasumas taateewwan uumamaa waliin walqabsiisuun kan hiikamu akka ta’es adda ba’eera.

Fakkoomii milkiin ittiin hiikaman ammoo, kallattii adda addaan ta'ee muuxannoofi beekumsa qabaachuu nama milkii ilallatu sanaa irratti akka bu'uureffatu barameera.

Inni biroon, uummata Oromoo keessatti falaasamni milkii ilallachuu yoomessa, seeraafi qajeelfama mataa isaa akka qabu qorannoo kanaan mirkanaa'eera. Yoomessi, seerriifi qajeelfamni milkii guyyaa yookaan galgala kan hinilallatamne ta'ee, irra jireessaan ganama obboroo osoo gartokkotti imalaaf hinka'iin, osoo lagaa hince'iin akka ilallatamu mirkanaa'era. Kana malee, bu'aa qorannoo kanarraa waanti argame inni biroon faayidaa milkii ilaallachuun hawasa keessatti qabudha. Innis mudannoofi muuxannoo qabaachuu milkaa'ina argachuu, dhugaa mirkaneessuu, carraa walqixxummaa, dagaagina, hormaataafi waliin jireenya garii horachuuf kan gargaaru akka ta'e adda ba'eera.

## Yaboo

Aadaa kanaaf qaamni dhimmi ilaallatu dhaabbilee gadiirraa kaasee hanga olaanaatti jechuun manneen barnootaa sadarkaa gadiirraa hanga sadarkaa olaanaa akka yuuniversiititti qorannoo gadi fagoo geggeessuun falaasamaafi aadaa milkii ilaallachuu kana badii irraa akka baraaramu osoo xiyyeeffannoon taasifamee gaari ta'a.

Sababoota amantiifi ammayyummaan aadaan kun akka hinbanne aadaa milkii ilaallachus ta'e aadaa Oromoo kamillee badii irraa baraaruuf xiyyeeffannoon irratti hojjechuun hawaasaafis hubannoo uumuun akka kunuunsuufi dhaloota duubaa isaa dhaalchisuuf ciminaan itti hojjechuun badii irraa oolchuun osoo yaalamee shoora olaanaa qabaata.

Artistoonni Oromoofi namoonni miidiyaa kallattii garaagaraan aadaan milkii ilaallachuu kun akka hinbanneef karaalee agarsiisa adda addaas ta'e, barruuwwan adda addaan hawaasaaf hubannoo uumuun duudhaa milkii ilaallachuu kana badii irraa osoo baraaruun danda'ame dhaloota dhaalchisuun nidanda'ama.

Qorattoonni Oromoo biyya keessas ta'e biyya alaa aadaan Oromoo sababa adda addaan baduuf deemu kana gurmaa'insaan irraatti qorachuun mala yookaan tooftaa uumuun qorannoo gadi fagoo geggeessuun hawaasaaf hubannoon osoo uumamee duudhaa milkii ilaallachuu sadarkaa baduu irra jiru baraaruun nidanda'ama.

## Galata

Adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti deeggersa maallaqaafi yaadaa kan taasise Yuunivarsiitii Wallaggaa guddaa galateeffanna. Ittifufee ragaa qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabuun akka danda'amutti ragaa himtoota yookaan maanguddota G/H/G/W galata guddaa qabu.

**Wabiilee**

Addisuu Tolasaa, (1999). *Folklore and folk in the context of litratre*. USA: The Edewin.

Asaffaa Tafarraa, (2009). *Eela: Seenaa ogummaa Oromoo*. Finfinnee: printing byFar East Trading plc

Asmerom Legese, (2006). *Oromo democray: An indigenous African political* system. Asmera: Red Sea printing press.

Baron, R.A. (2001). *Pschology*. (3rd). New Dalhi; Prentice-Hall

Berg, B.L. (2001). *Qualitative research methods for social sciences*. (4th ed.). Boston: Allyn and Bacon.

Bringas, L.A. (2003). "Representations of black omen in Grace Nichol's poetry: From otherness to empowerment." *Alicante Journal of English Studies/ Revista Alicantina De Estudios Ingleses*, no. 16 (November):3-19. https://doi.org/10.14198/raei.2003.16.03

Buruce, L.B. (2001). *Qualitive research methods for the social sciences*. California: California State University, Long Beach

Creswell, J. D. (2018). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach.* Los Angeles, CA: Sage publications.

Dallos, E. (2024). A new interpretation of omen 27 of the Irk Bitig. *Journal of Old Turkic Studies,* 8(2), 267-277. https://doi.org/10.35236/jots.1471049

Destaa Desaalegn, (2015) "A functional study of Tulama Oromo prose narratives." Gimbichu District, Ada'a District and Bishoftu Town. A Published Dissertation for the Doctor of Philosophy at Addis Ababa University.

Dirribii Damuse, (2009). *Ilaalcha Oromoo.* Finfinnee: D.G. Printing and publishing Enterprise.

Dorson, M. (Ed.). (1972). *Folklore and folklife*. Chicago: Chicago University Press.

Draper, S., and Joseph, O.B. (2011). "Angelic belief as American folk religion". *Sociological Forum,* 26, no. 3: 623-43. https://www.jstor.org/stable/23027303.

Dundes, A., and Bronner, S. J. (2007). *The meaning of folklore: The analytical essays of Alan Dundes.* Logan: Utah State University Press.

Fekade Azeze, (1991). *Introduction to oral literature*. Cooperation of the German: Adult Education Association.

Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Open Book Publishers: CIC Ltd.

Freud, S. (1965). *The interpretation of dreams*. New York: Avon.

Glendon, E.B. (1975). Omen-wisdom in ancient Israel. *Journal of Biblical Literature*, 94 (1): 19–37. https://doi.org/10.2307/3266032

Green, T.A. (Ed). (1997). *Volume 1 folklore: An encyclopedia of beliefs, customs, tales, music, and art*. California: Bloomsbury Academic.

Greenfield, J.C. and Sokoloff, M. (1989). Astrological and related Omen texts in Jewish Palestinian Aramaic. *Journal of Near Eastern Studies*, Vol. 48, (3), Pp. (190-201). https://doi.org/10.1086/373393

Igor, K. (2021). Cultural and cognitive structure of the omen: Epistemology, axiology and pragmatics. *Wisdom.* https://doi.org/10.24234/Wisdom.v18i2.476

Jones, M.O. (2000). Tradition' in identity discourses and an individual's symbolic construction of self. *Western Folklore*, 59, no. 2: 115-41. https://www.jstor.org/stable/1500156.

Kothari, C.R. (1990). *Research mthodology: Methods and techniques*. (2 nd Ed.). Newdelhi: New Delhi Publishers.

Liang, C. (2015). The hermeneutics of omens: The bankruptcy of moral cosmology in Western Han China (206 B C E –8 C E ). *Journal of the Royal Asiatic Society*, Vol. 25 , Issue 3 , pp. 439 – 459 DOI: https://doi.org/10.1017/S13561863 15000048

Malakine Mengistuu, (2006) *Fandamental litirature*. Addis Abeba: AAU Press.

Mould, T. (2009). "Narratives of personal revelation among latter-day saints." *Western Folklore*, 68, no. 4: 431–80. http://www.jstor.org/stable/25735256.

Mullen, P.B. (2000). "Belief and the American folk." *The Journal of American Folklore*, 113, no. 448: 119–43. https://doi.org/10.2307/541285.

Oleh, T., Igor, K., and Oleksandra, P. (2021). Cultural and cognitive structure of the omen. *Epistemology, Axiology and Pragmatics*.VOL. 18, (2), https://doi.org/10.24234/wisdom.v18i2.476.

Ranjit, K. (2011). *Research methodology. A step-by-step guide for beginners*. Great Britain: SAGE Publications Ltd.

Reza, Sh.Q., Emamali, Sh., Mohammadamin, K., and Maryam, Y.D. (2025). Analysis of the impact of social beliefs of omen and auspices on historical events in the first and second abbasid periods (132-334 AH). *Social History Studies, Institute for Humanities and Cultural Studies (IHCS) Biannual Journal*, Vol. 14, No. 2, (Pp.133-157) https://www.doi.org/https://doi.org/10.30465/shc.2025.49758.2573

Ringkahao, H. (2018). Omen and divination of the traditional nagas. *IJRAR*, Volume 5, Issue 4, www.ijrar.org (E-ISSN 2348-1269, P- ISSN 2349-5138). http://www.ijrar.org/papers/IJRAR1905194.pdf

Roobalee Abbaa Soorii, (2012). *Sirna Gadaa. Kallacha tokkummaa hundee bilisummaa saba Oromoo*. (Max.4ffaa). Finfinnee: Finfinne printing &publishing s.c.

Stockdale, E. (2019). The omen and the dream: Helen's and penelope's visions of the eagle and the geese in Homer, Odyssey 15.160–178 and 19.535–555. *Helios*, *46*(1), 1-15. https://doi.org/10.1353/hel.2019.0005

Warquu Dachaasaa (2001). *Wiirtuu: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo. (jildii-9)*. Finfinnee: Comercial Printing Enterprise.

Yaadasaa Tolsaa, (2018). *Malleen qorannoo bu"uuraa*. Finfinnee: Far East Printed Trading PLC.

Zerihun, A. (2005). *Yesinatsihuf msaratawiyan*. Addis Ababa: Nigdi Matamiya Dirijit.

.